

Mataduree I, Kutaa A n sagantaa Biyyoolessaa kan "Every Child Succeeds Act (ESEA)
" jedhamuun kan gargaaramu kan dhaabilee naannoo barnoota irratti hojjatanuu fi manneen
barnoota ummataa kan maatiin isaanii baay'een nyaata tolaafi gatii xiqoof ga'oo
ta'aniif deeggarsa qarshii kan taasisuudha. Qarshiin Mata duree I kan baasii ta'u qabxii
barnootaa foyyessuudhaa fi hirmaannaa maatii cimsuudhaaf.

Fakkiiwwan tajaajila Mataduree I kutaa A tiin baasii taasifaman:

- Gargaarsa dubbisuu fi Heerregaaf kennamu.
- Warra qayyabachiisan/tutors/ leenjisuuf
- Hojiiwwan guyya dabalataaf hojjataman.
- Barnoota bonaa.
- Barnoota barataa cimsuuf maatii barnoota irratti hirmaachisuuf

Akka warra barataatti, qarshii kana mana barumsaa daa'ima keetitti haala itti fayyadaman
ilaalchisee gaafii yoo qabaatte qaama armaan gadii quunnam:

Pamela Faulkner Suuparvayizara: Mata duree I/LAP pdfaulkner@seattleschools.org

Gaafii addaa ykn fayyadama qarshii ilaalchisee galmee iyyannaa yoo qabaatte, adeemsi
sirna iyyannaa lammii asiin gaditti ni argama:

[Online](#) | bilbila (360) 725-6100 | TTY (360) 664-3631 | FAX (360) 586-3305

Ergaa kee karaa mana poostaatin erguuf
Attn: Citizen Complaint Title I, Part A
Office of Superintendent of Public Instruction
P.O. Box 47200
Olympia, WA 98504

Manneen Barnoota Ummata Aanaa Siyaatil Hundaaf Carraa Barnootaa fi Hojii walqixxee kan
kennuudha.

Manneen Barnoota Ummata Aanaa Siyaatil, SPS, hundaaf carraa barnootaa fi hojii walqixa
hundaaf kan kennuu fi sagantaalee fi sochiiwwan adda addaaf saala, gosa, lammii, bifa,
amantii, dhaloota, bakke dhalootaa, umurii, haala qabeenyaa, ilaalcha saalaa, kan akka saala
ibsuu, ykn eenyummaa; ulfa, haala fuudhaaf heerumaa, haala qaamaa, haala sammuu, hir'ina
qaamaa, wattaadarummaa keessaa ulfinaan luuba ba'uu, ykn sareen gargaarsa argachuu fi kkf
hundaan kan namoota addaan qooda hin baasneedha. Manneen Barnoota Aanaa Siyaatil
akkasumas skaawutii ijoollee dhiraaf akkasumas garee dargaggoota kaan hundaaf walqixaan
tajaajila kan kennuudha.

Manneen Barnoota Ummata Aanaa Siyaatil seeraawwan hunda kan naannoo fi kan biyyoolessaa kan hordofuudha. Kunis kan akka: Mata duree IX kan bara 1972tti barnoota sirreeffamee; Mata duree VI seera mirga namummaa kan bara 1964; Seera kutaa 504 bara 1973; Seera hir'ina qaamaa Ameerikaanotaa kan bara 1990 fi seera isa sirreefame kan bara 2008; fi seera waashington kan wal qooduu hambisu RCW 49.60. Seerri kun kan hunda ilaalu fi sagantaalee aanaa hunda, koorsii barnootaa hunda, sochiiwwan hunda kan akka kaariikulama dabalataafi tajaajila meeshaa irratti kan daangeffamu miti.